# Wixinee Imaammata Madaallii

MAATII DAA'IMMAN UMURIIN ISAANII WAGGAA 3- 21 TA'AN QABANIIF

*i* – *Odeeffannoo dabalataatif hanga dhumaatti mallattoolee kanneen irratti cuqaasaa.*

**1 Waa'ee barumsa daa'ima keessanii irratti yaaddoowwan qabduu** *i*

Barsiisaa daa'ima keessanii ykn daarektara barnoota addaa ejensii barnootaa haasofsiisaa.

**2 Tarkaanfilee fi Gaaffii Madaallii** *i*

Ejensiiwwan barnootaa barattoota rakkachaa jiran hunda gargaaruf qajeelfamoota sirreessuu qabu. Gaaffiiwwan madaallii Tarkaanfilee waliin tokko MITI.

Mirgoota Maatii

**3 Madaallii Gaafadhaa** *i*

Yeroo barbaaddanitti madaallin barnoota addaa akka godhamu gaafachuu dandeessu.

Guyyoota 30

Ejensiin barnootaa qaama miidhamummaan jira jedhee hin shakku

Barnoota waliigalaa itti fufaa ...

YKN karaa Ohio Department of Education and Workforce" liinkii kanaan filannoo waldhabdee furuu (dispute resolution option) hordofaa.

PR-01

**4 Qaama miidhamummaan shakkame Madaallii taasifamuuf hayyama Kennaa** *i*

PR-05 | PreK | Umurii Mana barumsaa

Guyyoota 60

**5 Adeemsa Madaallii** *i*

Gareen namoota dhuunfaa gahumsa qaban, maatiilee dabalatee, madaallii naannoowwan yaaddoo irratti qaban hunda irratti karoorsuuf walgahu.

**6 Garee Madaallii Jalqabaa Gabaasni xumuurame** *i*

Gareen, maatilee dabalatee, bu'aa qorannoo gamaaggamuuf walga'a.

PR-02PR-02 | ETR

**7 Ulaagaa guutuu Murteessuu** *i*

Guyyoota 30

Gareen Ulaagaa murteessu daa'imni ulaagaa akka hin guunne murteessinaan

Barnoota waliigalaa itti fufaa

**8 IEP'n jalqabaa qophaa'e** *i*

Yoo gareen, maatilee dabalatee, daa'imichi ulaagaa guutuu yoo murteesse, IEP'n ni qophaa'a.

IEP

**9 IEP'n jalqabaa hojiirra oole** *i*

Ejensiin barnootaa tajaajiloota IEP baratichaa keessatti hammataman kennuu qaba.

Ohio Department of Education & Workforce

9/2025 maxxanfame

# Wixinee Imaammata Madaallii

## 1. Waa’ee barumsa daa’ima keessanii irratti yaaddoowwan qabdu

Yoo waa’ee barumsa, guddina, ykn dalagaa daa’ima keessanii irratti yaaddoowwan qabaattan, daarektara barnoota addaa ejensii barnootaa* haasofsiisuu dandeessu.  Namni kun yeroo baay'ee sadarkaa aanaatti hojjeta, malee gamoo mana barumsaa baratаa keessanii keessatti hin hojjetu. Namni kun eenyu akka ta’e yoo hin beekne, waajjira boordii qunnamuudhan maqaa fi odeeffannoo qunnamtii gaafachuu dandeessu. Akkasumas daarektara yookaan barsiisaa daa’ima keessanii dubbisuu dandeessu.

Daa'imman umurii barumsaan duraa (umurii 3-5) tiif, tarkaanfin jalqabaa daa’imni keessan naannoo dalagaawwan guyyuu, guddinaa fi/ykn qophaa'ina barnootaa irratti harkifannaa qabaachuu isaa ilaaluuf fudhatamu, distiriktii mana barumsaa isin maatin keessa jiraattanis qunnamuudha. Odeeffannoowwan qunnamtii distiriktii barumsaa irra caalan isaa marsariitii distiriktichaa irraa argamuu danda’a.

*”Ejensii barnootaa” jechuun:

- Aanaalee mana barumsaa, aanaalee mana barumsaa tajaajilaa, aanaalee mana barumsaa galmee banaa, manneen barnootaa hawaasaa, qajeelcha tajaajiloota dargaggoota Ohio (the Ohio department of youth services), fi aanaalee mana barumsaa ogummaa waliinii dabalatee;
- Dhaabbilee haqaa daa'immanii, giddugalawwan tajaajila barnootaa, boordii qaama miidhamummaa guddinaa kaawuntii; fi
- Muummee; kutaa; biiroo; waajjira; dhaabbata; boordii; koomishinii; koree; abbaa taayitaa kamiyyuu; yookan ejensii isteetii yookan naannoo biraa, aanaa mana barumsaa yookan ejensii qajeelcha qaama miidhamummaa guddinaatin (department of developmental disabilities) bulfamu irraa kan hafe, kan daa’imman qaama miidhamummaa qabaniif barnoota addaa yookan tajaajiloota kanaan walqabatan kennu yookan kennuu barbaadu, yoo Boqonnaa 3323. Seera Fooyya'ee. yookan dambii boordii barnootaa naannootiin fudhatame, aanan mana barumsaa kan biraa, ejensiin barnootaa biroo, yookan ejensiin, qajeelchi, yookan qaamni biroo Kutaa B IDEA kabachiisuf itti gaafatamummaa akka qabu ibse malee.

## 2. Tarkaanfilee fi. Gaaffii Madaallii

- **Tarkaanfii:** Ejensiiwwan barnootaa qajeelfama haala barattoonni hundi akka baratan gargaaruun kennuu qabu. Tarsiimowwan barattoota rakkachaa jiran gargaaruf qajeelfama ittiin sirreessan Tarkaanfilee (interventions) kan jedhaman yoo ta’u, barattoota hundaaf malee (barnoota addaa qofaaf miti).
- **Gaaffii Madaallii:** Barnoota addaatif madaallii jalqabaa gaafachuun tarkaanfilee wajjiin tokko miti. Tarkaanfileen yeroo madaallii jalqabaa dura ykn yeroo madaallii jalqabaa gaggeeffamuu qabu. Ejensiin barnootaa tokko madaallii duubatti harkisuuf giddu-galumsawwan fayyadamuu dhiisuu mala. Yoo tarkaanfiin hin gaggeeffamne ta’e, madaallicha wajjiin yeroo tokkotti gaggeeffamuu qabu.

GARA WIXINEE IMAAMMATAA (ROADMAP)TTI DEEBI'AA

# Wixinee Imaammata Madaallii

## 3. Madaalliif Gaaffii Dhiheessuu

- Yoo daa'imni keessan qaama miidhamummaa qaba jettanii shakkitan, madaallii barnoota addaa gaafachuu dandeessu. Kun barreeffamaan ta'uu hin barbaachisu; haa ta'u malee, guyyaa gaaffii galmee mataa keessanii qabachuuf galmeessuun gaariidha.

Daa'imman umurii mana barumsaa duraatif, yeroo isin akka maatitti hojjettoota barnoota addaa dhaabbata barnootaa keessanii keessa jiran qunnamtan, daa'imni keessan tajaajiloota barnoota addaa mana barumsaa duraa argachuudhaf ulaagaa guutuu fi dhiisuu isaa akkasumas sagantaalee kamtu fedhiiwwan dhuunfaa isaatif yookan isheetif akka gaariitti mijachuu akka danda'u murteessuf, gaaffii madaallii jalqabaa jalqabsiisuu dandeessu.

- Ejensiin barnootaa gaaffii keessaniif deebii kennuudhaf, guyyaa gaaffin isa qaqqabe irraa eegalee guyyoota kaalaandarii 30 qaba. Ejensiin barnootaa beeksisa barreeffamaa dursaa (PR-01jedhamu), kan ejensiin barnootaa qaama miidhamummaa akka hin shakkine ibsu isiniif erguu qaba yookan madaallii gaggeessuuf eeyyama keessan argachuu qaba. Ejensiin barnootaa Garagalcha Beeksisa Eegumsa Adeemsa Barnoota Addaa Qajeelfama Mirgoota Maatin Barnoota Addaa Keessatti Qababn (Special Education Procedural Safeguards Notice)jedhamu isiniif kenna.
- Ejensiin barnootaa tokko tarkaanfilee kennuudhaf jecha madaallii duubaatti akka harkisu hin eeyyamamuuf. Yoo ejensiin barnootaa hanga ammaatti madaallii jalqabaa dura tarkaanfilee kan hin kennine ta'e, ejensiin barnootaa sun tarkaanfilee sanneen madaallii jalqabaa wajjiin yeroo walfakkaatutti raawwachuu qaba.
- Yoo ejensiin barnootaa qaama miidhamummaa qabaachuu isaa hin shakkine, daa'imni keessan barnoota waliigalaa itti fufa. Yoo murtii ejensii dhaabbata irratti walii hin galle, filannoo waldhabdee furuu (dispute resolution option)karaa  Ohio Department of Education and Workforce gaafachuu dandeessu.

## 4. Madaalliif Hayyama Kennuu

- Yoo ejensiin barnootaa qaama miidhamummaan jiraachuu shakke, eeyyama keessan ni fudhata (unkaan eeyyamaa PR-05: Parent Consent for Evaluation)jedhama). Guyyaa eeyyama keessan itti argate irraa eegalee, ejensiin barnootaa madaallii jalqabaa xumuuruf guyyoota kaalaandarii 60 ni qabaata.
- Gareen namoota dhuunfaa gahumsa qaban, akka maatiltti isin dabalatee, ramaddiiwwan qaama miidhamummaa shakkamee fi naannoowwan madaalamuu qaban irratti ni mari'ata. Kun hundi unkaa Evaluation Team Report (Karoora Gabaasa Garee Madaallii, ETR) irratti galmaa'uu qaba, kunis umrii mana barumsaa duraatif fi umurii mana barumsaatif gosoota adda addaa qaba.
- Walgahiin kun madaallin kamiyyuu osoo hin raawwatamin dura gaggeeffamuu qaba. Isin akka maatitti garee kana keessatti miseensa cimaa ta'uudhan madaalliiwwan kennaman murteessuu irratti gargaaruu qabdu.
- Ejensiin barnootaa madaallii addaa fayyadamuudhaf deemu maqaa dhahuu hin qabu, naannoo madaaluuf karoorfate qofa. Mana barumsaa duraatif, naannoon guddinaa tokkoon tokkoon isaa madaalamuu qaba.
- Umrii mana barumsaa duraatif, yoo daa'imni keessan xiqqaan umuriin isaa waggaa 3-5 ta'e sagantaa mana barumsaa duraa irratti hirmaatee kan hin beekne ta'e, yookan daa'imni keessan IDEA Kutaa C (Tarkaanfii Jalqabaa) irraa gara Kutaa B (Barnoota Addaatti) hin ce'in, ejensiin barnootaa tarkaanfii kennuudhaf carraa akka hin qabne hubachuun barbaachisaadha. Giddu-galumsiwwan daa'imman mana barumsaa duraatif kan barbaachisan, yoo daa'imichi kanaan dura tajaajiloota kutaa C fi/ykn Kutaa B IDEA jalatti argate yookan ramaddii qaama miidhamummaa shakkame kan hir'ina barumsaa addaa jalatti madaalamaa jiraate qofa. Yoo gidduu-galumsiiwwan rifaralaa dura hin kennamne ta'e, ejensiin barnootaa yeroo guyyoota jaatamaa wal fakkaatu keessatti giddu-galumsawwan barbaachisaa ta'an hojiirra oolchuu ni danda'a, yeroo sanatti ejensiin barnootaa madaallii guutuu fi dhuunfaa daa'ima mana barumsaa duraa kamiyyuu kan naannoo guddinaa armaan gadii keessaa tokko yookan isaa ol irratti duubatti harkifannaa guddaa qabu furuuf, fi sababa kanaaf barnoota addaa akkasumas tajaajiloota kanaan walqabatan barbaadu: madaqina amalaa, hubannoo, qunnamtii, dhageettii, arguu, dalagaa miiraa/sochii qaamaa, dalagaa hawaasummaa/miiraa fi/ykn dalagaa amalaa. Ejensiin barnootaa daa'imni keessan tajaajiloota barnoota addaa argachuuf gahumsa qabaachuu isaa murteessuf madaalamuu isaa haala barbaachisaa hin taanen tursiisuf gidduu-galumsawwan kanneenitti fayyadamuu hin danda'u.

# Wixinee Imaammata Madaallii

## 5. Adeemsa Madaallii

- Ejensiin barnootaa madaallii jalqabaa gaggeessuu keessatti meeshaalee fi tooftaalee madaallii adda addaa fayyadamuudhan, odeeffannoo maatin kenne dabalatee odeeffannoowwan dalagaa, guddinaa fi barnootaa barbaachisoo ta’an walitti qabuu qaba. Ejensiin barnootaa madda odeeffannoo tokko fayyadamuu waan hin dandeenyeef, dhimmoota qaamaa yookan guddinaatti dabalatee, dhimmoota hubannoo fi amalaa madaaluudhaaf meeshaalee teeknikaa sirrii ta’an fayyadamuu qaba.
- Gamagammiiwwanii fi meeshaalen madaallii biroo bu'uura sanyii ykn aadaatiin loogii osoo hin godhin afaan dhalootaa daa’ima keessaniitin yookan haala walqunnamtii birootiin, akkasumas bifa bu’aalee sirrii ta’an argamsiisuu danda’uun filatamuu fi kennamuu qabu.
- Daa'imni keessan, yoo barbaachisaa ta’e, fayyaa, qaroo, dhageettii, haala hawaasummaa fi miiraa, sammuu waliigalaa, raawwii barnootaa, haala walqunnamtii, fi dandeettiiwwan sochii qaamaa dabalatee, naannoowwan qaama miidhamummaa shakkaman waliin walqabatan hunda irratti madaalamuu qaba.
- Daa'ima umrii mana barumsaa duraatif, tokkoon tokkoon naannoo guddinaa yoo xiqqaate tooftaalee madaallii/ madda odeeffannoo 5 keessaa tokko fayyadamuudhan madaalamuu qaba AKKASUMAS tokkoon tokkoon tooftaa madaallii/madda odeeffannoo yoo xiqqaate al tokko faayidaa irra ooluu qaba. Madaalliin jalqabaa, yeroo baay’ee gosa qaama miidhamummaa daa’imni keessan itti ramadame waliin kan walqabatu ta’us ta’uu baatus, fedhiiwwan barnoota addaa fi tajaajilaa walqabate kan daa’ima keessanii hunda adda baasuuf gahaa ta’uu akka qabu yaadadhaa.

## 6. Gabaasa Garee Madaallii Jalqabaa xumurame

- Akka maatitti, daataa madaallii fi cuunfaa tokkoon tokkoon madaallii taasifamee ilaaluuf, Affeerraa Maatii (PR-02jedhamu) ni argattu. Aanichi eenyun akka gara walgahiitti fidu PR-02 irratti ibsamuu qaba. Akka maatittis, nama kamiyyuu isin waliin fiduu dandeessu.
- Gareen ogeessotaa fi maatii waliin ta’uudhan bu’aalee madaallii gamaaggamuun daa’imni keessan daa’ima qaama miidhamummaa qabu ta’uu fi dhiisuu isaa ni murteessu. Daataa fi cuunfaa madaallii murtii gahumsaa waliin unkaa Gabaasa Garee Madaallii (PR-06jedhamu) irratti ni argama.

GARA WIXINEE IMAAMMATAA (ROADMAP)TTI DEEBI'AA

# Wixinee Imaammata Madaallii

## 7. Ulaagaa Guutuu Murteessuu

- Yoo gareen akka maatitti isin dabalatu daa'imni keessan tajaajiloota barnoota addaa argachuuf ulaagaa akka guutu bira gahe, ramaddii ulaagaa ni murteessa. Yoo gareen kun daa'imni keessan ulaagaa akka hin guutne bira gahe, daa'imni keessan kaarikulamii barnoota waliigalaa qofa itti fufa. Maatii dabalatee miseensi garee kamiyyuu, murtii garee sanaa irratti ibsa waliigaluu dhabuu dhiyeessu ni danda'a. Yoo daa'imni keessan ulaagaa hin guutne jedhame, Madaallii Barnootaa Walabaa (Educational Evaluation (IEE)) gaafachuu dandeessu. IEE jechuun carraa maatin ogeessi alaa, kan dhaabbata barnootatiin hin qacaramne, madaallii barnootaa dhuunfaa akka gaggeessuf ittiin argatuudha.
- Daa'ima umrii mana barumsaa duraatif, yoo daa'imni keessan ulaagaa hin guutne jedhamee fi yeroo ammaa sagantaa mana barumsaa duraa keessatti kan hin galmoofne ta'e, ejensiin barnootaa tarreeffama sagantaalee mana barumsa duraa filannoo ta'e naannoo fi/ykn aanaa mana barumsaatin gaggeeffaman kanneen jiraachuu malanii kennuu danda'a.

## 8. IEP jalqabaa qophaa'e

- Yoo gareen akka maatitti isin dabalate daa'imni keessan barnoota addaa argachuuf gahumsa akka qabu murteesse, aanan Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (Individualized Education Program) jalqabaa (unkaa IEP PR-07 jedhamu) qopheessuf guyyoota 30 qaba.
- IEP'n fedhiiwwani dhuunfaa Gabaasa Garee Madaallii daa'ima keessanii (unkaa ETR PR-06jedhamu) keessatti adda baafame guutuuf, qajeelfama addatti qophaa'e qabaachuu qaba, kunis galmootaa fi kaayyoowwan safaramuu danda'an waliin akkaataa jijjiramni guddinaa itti madaalamu qabaachuu qaba.
- Gareen IEP akka maatitti isin, barsiisaa barnoota idilee daa'imichaa (yoo daa'imni qabaate), yoo xiqqaate barsiisaa barnoota addaa tokko, bakka bu'aa aanaa, nama bu'aalee madaallii hiikuu danda'uu, fi nama isin ykn ejensiin barnootaa beekumsa ykn fedhii daa'ima keessanii qaba jettanii amantan kamiyyuu of keessaa qaba.
- Daa'imman umrii mana barumsaa duraatif, miseensonni garee IEP barbaachisan: maatii, barsiisaa barnoota idilee, barsiisaa/dhiyeessaa barnoota addaa fi bakka bu'aa aanaa dabalata.
- IEP jalqabaatiif, isin akka maatitti tajaajilootaaf eeyyama kennuu qabdu. Yoo eeyyama hin kennitan ta'e, daa'imni keessan tajaajiloota IEP hin argatu.
- Eeyyamni keessan IEP jalqabaa qofaaf (ykn jijjiirama ramaddii mana barnootaa kamiif iyyuu) kan barbaachisu ta'us, ejensiiwwan barnootaa walgahiiwwan IEP hunda irratti argamtanii akka hirmaattan isin afeeruu qaba. Yeroo barbaaddanitti eeyyama IEP daa'ima keessanii haquuf mirga qabdu.

GARA WIXINEE IMAAMMATAA (ROADMAP)TTI DEEBI'AA

# Wixinee Imaammata Madaallii

## 9. IEP jalqabaa hojiirra oole

- Ejensiin barnootaa tajaajiloota IEP daa'ima keessanii keessatti hammataman kennuu qaba.
- Tokkoon tokkoon ejensii barnootaa daa'ima qaama miidhamummaa qaban hundaaf naannoo daangeffama gadi aanaa (least restrictive environment, LRE) qabu keessatti barnoonni hawaasaa mijataa bilisaa (a free appropriate public education (FAPE)) akka kennamu mirkaneessuu qabu. Daa'ima umrii mana barumsaa duraatif, kun ejensiin barnootaa sagantaa daa'imummaa jalqabaa waliigalaa kan uummataa ta'e kan mataa isaa gaggeessuu ykn dhaabbilee barnootaa biroo waliin waliigaltee uumuu isaa osoo hin ilaalini.
- Yoo isin akka maatittii fi ejensiin barnootaa irra deebin madaalun akka hin barbaachifne irratti walii galtan malee, ejensiin barnootaa daa'ima keessanii yoo xiqqaate waggaa sadiitti irra deebidhaan madaallii ni gaggeessa. Ejensiin barnootaa yoo xiqqaate waggaa waggaadhan IEP ni gamaaggama.

GARA WIXINEE IMAAMMATAA (ROADMAP)TTI DEEBI'AA